

Mammaaksota Oromoo Qubee “D” n Jalqaban.

- 1 Daakaniif hin marqan, dharra'aniif hin argatan.
- 2 Daangaan jaalalaa afaanii baasanii walii laachuudha.
- 3 Dallaan abbaa kudhanii yeroon hin cufamtu.
- 4 Deeganiif hin du'an.
- 5 Deegarra ulfaatti jedhee namtichi ashaboo mataatti baate.
- 6 Deemaa oltu barattu malee barumsaa hin argattu.
- 7 Dhabaaf malee cirriin cooma kajeelti.
- 8 Dhabaaf malee fooniif nu uume jette sareen
- 9 Dhabaaf malee sombi kan sareeti
- 10 Dhagaheef heerumtee, argeef deesse
- 11 Dhalee lakkaawu dhadhabee jettee kurupheen tokko dhaltee.
- 12 Dhamaatuun dhama raaftee weessootu na dide jetti
- 13 Dheebotan malee, mi'aa bishaani hin beekan
- 14 Dheeratteef leemmanni gudelchaa hin taatuu.
- 15 Dhugaan hin qallatti malee hin cittu.
- 16 Dhukkubni na ajjeesuu hin jirre hamaaf tolaa addaan naaf baase.
- 17 Dololloon nama hin fudhatuu laga guddaa nama geessi.
- 18 Du'arraan baqadhatti mana du'aa seente
- 19 Dubartiin fira hin qabne mana masaannutti baqatti.
- 20 Dubbii barbaada sareen gabaa baati.
- 21 Dubbiin baay'atetti harretti hin fe'ani
- 22 Dubbiin mammaaksa hin qabnee mannaa ittoo sogidda hin qabne wayya.

- 23 Dubbiin rabbi suuta
- 24 Dullachi waan garaa qabu alba'a
- 25 Dura na dhungatteef dhirsa naa hin taatu jette intalli
- 26 Durattuu durii maalayyaa waaqoo lama tahe.
- 27 Duubaan dulluma jettee jaartiin tokko ragadde.
- 28 Duulli amma oduu hin gahu.
- 29 Duuni biyya wajjinii, hirriiba jette jaartiin.
- 30 Duutiifi dullumni hin hafan.